# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 1 Bitootessa 2008

Lakk: 06/ABO/08

**Ibsa Ejjeennoo Walgahii Gumi Sabaa Adda Bilisummaa Oromoo**

Gumiin Sabaa Adda Bilisummaa Oromoo (GS-ABO) walgahii isaa dhaabbataa Guraandhala 17 – 24, 2008 deemsisise milkiin xumuratee jira. Walgahiin GS-ABO kun haala qabsoon bilisummaa Oromoo keessa jiru, roorroo mootummaan Wayyaanee ummata Oromoo irratti geessisaa jiru, haala jeequmsa adda addaa naannawa Gaanfa Afriikaa keessatti yeroo ammaan kana mul'atanii fi haala idila-adunyaa gadi fageenyaan erga xiinxalee booda qabsoo bilisummaa Oromoo finiinsuuf murtiilee jajjaboo dabarsee jira.

**ABO Ilaalchisee**

Dhaabni keenya ABOn akka dhaaba bilisummaa ummata isaatiif falma irra jiruu tokkootti haallaan yeroon gaafatu deebisuufis tahe qabsicha galmaan ga'uuf bifaa qindaawaa ta'een of gurmeessee socho'utu irraa eegama. Kanaaf jecha, dhaabicha dagaagsuun haala irratti xiyyeefatamuu qaban kessaa olaantummaa qaba jenna.

Qabsoon tokkoo kan dagaaguu danda'u fi akeekni isaa kan galma ga'uu danda'u kaayyoo, tarsiimoo fi tooftaan hordofamu xaliiluun murteessaa akka ta'e beekama. ABOn waggoota 35 duraan yeroo utubamuu eegalee kayyoon isaa tokkichi hiree murteeffannaa ummata Oromoo dhugoomsuudhaan mootummaa walaba Oromiyaa ijaaree iggitti itti godhuu akka ta'e beekama.

Qabsoo boqonnaa kana keessatti demsifameen: (1) Oromiyaa biyyi jedhan, mootummaa Itophiyaa jalattiis ta'u, akka qaama 'political' tokkotti daangaan isaa beekamee mul'atee jira (2) Oromoon adda addatti of ilaaluu fi wal ilaalu irraa taree, akka saba tokkootti, hiree tokko fi biyya tokko akka qabu hubatee daangaa hamma daangaatti waliin socho'uu dhaqqabee jira; (3) Gaaffiin uummactichaas, "bilisummaa sabichaa fi walabummaa biyya isaa" ta'uu hubatuu irra dabree, dhiigaa fi lafee isaatiin falmataa jira.

Seenaa gabrummaa,kan hawaasni keenya keessa dabre ammaas keessa jiruu waliin yoo ilaalle, bakki amma gahame kun madaala kamiinuu injiffannoo xiqqaa miti. Injifannoo kana jabeessanii kan caalu gonfachuuf boqonnaan amma seennee jirru murteessaa dha.

Haa ta'u malee wagoota dhiyoo as maqaa dhaaba kanaa kanneen himatan adda addaa kaayyoo kana haguuguuf tattaaffin isaan godhan hin milkaawin malee hojii dhaabichaa irratti danqaraa ta'u danda'ee jira. Kanaaf jecha walgahiin GS kun kaayyoon ABO kan dhugaa addeeffamee akka mul'atu irratti akka hojjetamu murteessee jira.

Dhaabni bilisummaaf warraaqu tokkoo dursee kan mirkaneeffachuu qabu walabummaa mataa isaa akka ta'e walgahichi irra deebi'ee yaadatuun walabummaa ABO tiksuu fi miidhaa alagaan harka lafa jalaan dhaabichaa fi qabsoo bilisummaa Oromoo irran ga'uuf carraaquu iggituu irratti hojjetamuu akka qabu murteesse.

**Sabboontota Oromoo Ilaalchisee**

Jeequmsa ABO keessatti dhalate irraa kan ka'e miseensotnii fi deggertoonni dhaabichaa kan qabsoo irraa of qusatan martinuu egereen ummata Oromoo mirkanaawuu kan danda'u dhaaba jabaa fi kaayyoo ititaa jalattii gurmaawuun qofa akka ta'e hubatuun ABO deebisanii dagaagsuu irratti akka hirmaatan waamicha jaallummaa goonaaf. Ummatni Oromoo kan isini irraa eeggatus yeroo murteessaa ta'ee jiru kanatti beekumsa, qabeenyaa fi ogummaa keessan gumaatuun akka qabsoo isaa jabeessitanii bilisummaa isaa dugoomsitan ta'u GS-ABO irra deebi'ee isin yaadachiisa.

**Ummata Oromoo Ilaalachisee**

Qabsoo ummatni keenya bilisummaa isaa gonfachuuf geggeessaa jiru kan abdii namatti bulchu akka ta'u mirkanaawuun wal nama hin gaafachiisu. Walgahiin GS-ABO wareegama ummatni keenya baasaa ture ammaas itti jiru, bilchinaa fi damaqiinsa ummatni keenya argisiseef kabajaa guddaa akka qabu ibsa.

Ummata Oromoo biyya ambaa jiraatan irra kan eegamu ogummaa, qabeenyaa fi hamileen qabsoo ummatni bal'aan Oromoo deemsisaa jiru bira dhaabachuu akka ta'e irra deebii waamichaa goonaaf.

Humnootni siyaasaa tokkummaa Itoophiyaa tiksuu irraa dhimma qaban harka sadaffaatti gargaaramuudhaan ummata Oromoo biyya amba keessa bakka adda addaa jiraatu gidduu seenuun tokkuummaa isaa akka jeeqamu tattaaffii wal irraa hin cinnee oofaa jiraachuu wal-gahichi hubatee jira. Shira kana doomsuuf jecha manguddooliin,ogeeyyiin, abbootiin amanttii fi sabboontonni Oromoo damaqiinsaan tokkuumma ummata keenyaa akka rag-gaasiftan waamicha lammumma isiniif goona.

**THBO Ilaalchisee**

Dhaabni keenya ABOn dhaabota THBO bu'ursan keessaa tokko ta'uun beekama. Haa ta'u malee adda bahiinsa ABO keessatti dhalate irraa ka'un miseensummaan ABO furmaata hin argatin jira. Haala kana gadi fageenyaan hubatuun GS-ABO dhaaboti Oromoo bilisummaaf qabsaawan hundinuu walitti dhufanii THBO bifaa haraan qindeessanii agoobara itti gaafatama isaa bakkaan ga'uu akka taasisan waamicha qabsoo dhiheessaaf.

THBO akka humna tokkummaatti yoo fudhanne, jaarmayaa qabsoon Oromoo haala amma irra gahe irraa fuudhee, gurmuu tokkummaa Oromootaa caalatti magarsee, galma isaan kan gahu jechuu keenya. Humna bilsummaa Oromoo itichuudhaan, dammaqiinsa um-matichaa, humna jaarmayaa - kan siyaasaa fi hidhanoo taasisee - jijjiirama dhugaa kan fidu, jaarmayaa tokkummaa jaarmayoota bilisummaa Oromiyaa jabeessee gamtaan kan hiriirsu jechuu keenya. Jaarmayaa injifannoolee keenya kan dabran utubee, dadhabillee keenya kan dabran haqee, dogoggora keenya foyyessee, itti fufa qabsichaa mirkaneessu jechuu keenya. Mooraan bilisummaa Oromiyaa, humna ta'ee, dadhabbillee fi gufuulee qabsoo bilisummaa dura jiran buqqisee, qabsoo saba keenyaa kan bakkaan gahuu danda'u, tokkuummaan dhugaa yoo jabaatte ta'uu hundinuu hubachuu qaqba jennaa.

**Mootummaa Wayyaanee Ilaalchisee**

Mootummaan Wayyaanee kun ummata Oromoo lafa irraa duguuguu imaammata dhaabbataa godhatee erga itti bobba'e bubbuluu isaa walgahichi hubatee jira. Humna diina

hamaa akkanaa of irraa deebisanii of dandamachiisuun kan danda'amu qabsoo hidhanoon of irraa faccisuu qofa. Kanaaf jecha, qabsoo of ittisuuf ummatni keenya gochaa jiru mirkaneessuuf sochiin Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) yoom iyyuu caalaa dandeettii fi ayinaan irroomsuu fi dagaagsuu irratti akka xiyyeeffatamu walgahiin GS-ABO murteessee jira.

**Diinota Qabsoo Bilisummaa Oromoo**

Waayee bilisummaa yeroo dubbannu, duraan dursinee diinota Qabsoo Bilisummaa Oromoo beekuun barbaachisaa dha:

Ilamaan Habasha walii isaanii gidduutti aangoo irratti wal haa dhaban malee, ummata Oromoo kiyyoo kolonii isaanii jala tursifachuuf akeeka tokkicha qabu. Ilmaan nafxanyootaa aangoo bara dheeraa harka isaanii ture,Tigirootaan harkaa fudhatame deebifatanii aangoo irratti deebi'anii sirna Impaayerummaa biyyichaa akka duriitti tursuuf dharra'aa jiru. Murni kun dur irraa kaasee tarkaanfii seenaa of duuba deebisuuf tattaafata. Mirga hiree murteeffannaa ummatootaa akka biyya diiguutti fudhatee dura dhaabbata. Kanaaf, humnootiin aangoo harkaa buute deebifachuun sirna imppyerummaa biyyichaa tursiifachuuf dharra'anii fi kan mirga hiree murteeffannaa ummatootaa dura dhaabbatan diina qabsoo bilisummaa Oromoo ti.

Seenaa Oromoo keessatti kan deddebi'ee argame, Minilik, Halasillaasee, Mangistuu fi Mallasaanis gargaarsa alaa qabaatan illee kan ummata Oromoo bituu isaan dandeessise hawwaasa Oromoo keessaa namoota garii of cina hiriirsuudhaan akka ta'e waan falmisiisu miti. Harr'as hojiin kun itti fufee argina. Oromoonni gantootni murnaanis ta'e nam-tokkeen Impaayericha tikfamu irraa dantaa qabaachuun bilisummaa ummata Oromoo dura dhaabbatan diina qabsoo bilisummaa Oromoo ti. Walii galatti, mootummonni Itophiyaa kan sirna Impaayerummaa biyyichaa tiksan hundi diina qabsoo bilisummaa ummata Oromoo ti.

**Haala Idil-adunyaa Ilaalchisee**

Mootummaan malkaa ambaa (United Nations) heera isaani boqonnaa I lakkoofsa (1) kakuu ykn irbuu isaan lamaan keessatti waayee mirga dhala ilmma yogaa dubbatu iddoo lamatti qoode: akkana jedha "dhalli ilma namaa hundi hiree ofii ofiin murteeffachuuf mirga qabu; mirga ykn birmadummaa qaban kana irratti irkatanii, karaa siyaasaa kan fedhan hordofuu, dinagdee isaanii gaggeefachuu fi jireenya isaani fi aadaa isaanii karaa fedhanitti guddifachuu danda'u".

Warri yaada kanaan morman akana jedhu: "harr'a addunyaan hundi cichummaa ykn adda addummaa biyyootaa waan balleessaa jirtuuf, timjiin ykn daangaa biyyaa biyyummaa waan hiikkaa dhabaa deemuuf kan duraan birmadummaa qabu iyyuu walitti ida'amuu waan barbaaduuf jecha harr'a biyya haaraa uumuun barbaachisaa miti" yaada jedhu falmu.

Haa ta'u malee, haalli qabatamaan ammaan kana addunyaa kessatti calaqqisu harki caalaan mirga dhala namaa fi bilisummaa ummatootaaf hubannoon argamaa jiru olguddataa akka jiru akeekaa. Fakkeenyaaf, dhiheenya kana ummatoota bilisummaa isaaniif falmatan keessaa ummatni Kosovoo bilisummaa isaanii labsatuun biyya walaba taate haaraa utubatanii jiru. Ummata Oromoo dabalatee lammiiwaan hedduunis baka warri Kosovoo ga'an kana dhaqqabuuf falma isaanii itti fufaa jiraachuunis ni hubatama. Kun ammoo, gartuuleen

adda addaa “haallii addunyaa yeroo ammaa bilisummaa ummatootaa hin ayyamu” kan jedhan falmiin isaanii kun hunde dhabeessa akka ta’e ragaa ta’a jennee abdanna.

Garuu, dhiitamni mirga dhala namaa ardii Afriikaa keessatti akkuma kanaan duraa wayyoomina tokko malee ittifufuun ni mul’ata. Gama kaaniin ammoo biyyoota naanawaa Oromiyaatti argaman keessatti jeequmsi babal’achaa deemaa jiraachuu walgahiin kun hubatee jira. Jeequmsi babal’achaa jiru kun ummata Oromoo biyya abbaa isaanii irraa diinaan buqqifamanii yeroof gara biyyoota ollaatti godaanan irratti midhaa fidaa jiraachuunis ni hubatama. Haala kana irraa waldandamachiisuuf ummatni Oromoo biyyoota ambaa bakka adda addaatti faca’anii jiran wal iyyaaffachuun godaantota Oromoo naannawaa Gaanfaa Afrikaa keessatti argaman kanaaf akka birmatuu waamichaa goona.

**Waamicha Qabsoo**

Bilisummaan kan argamu qabsoo hadhaawaa bifa barbaachise hundaanuu finiinsuun akka ta’e ummata mirgi isaa sarbame caalaa kan hubatu hin jiru. Ummatni Oromoo xinnaa fi guddaa, dhiiraa fi dubartii, dargaggoo fi maanguddoo osoo hin jenne akka nama tokkootti harka walqabannee kaayyoo bilisummaa keenya bakkaan gahuudhaan walabummaa biyyaa abbaa keenyaa Oromiyaa akka gonffaannu gufuulee xixiqqaa irraa taruun, gara kutannoo fi haqaan kaanee haa falmannu jennee maqaa dhaaba keenya ABOn waamicha dirqama lammummaa isiniif dhiheesina.

Oromiyaan ni bilisoomti !!

**Gumii Sabaa Adda Bilisummaa Oromoo**